



Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa,
Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for
Freedom and Democracy (NYMFD)

**Haala Yeroo Warraaqsa Biyyoolessaa FDG Gaggeessa Jirru Ilaalchisuun Ibsa Gabaaba
Qeerroo Bilisummaa Oromoo fi Gamtaa Barattoota Oromoo Irra Uummata Oromoo Hundaaf
Kenname!!
Muddee 28,2015
Finfinnee Oromiyaa**

Nuti dhaloonni haaraan fi qaroon Hawwaasaa keenyaa addunyaa qaroomtetti dhiyoo jirru jarraa 21ffaa keessa gabrummaaf jilbeeffannee hin jiraannu, Uummata keenya adeemsa qe'eerraa buqqisuu teenyee hin ilaallu, Biyyaa keenya biyya mirgi ilma namaa fi mirgi dimookiraasii keessatti dhiitamaa jiru tole jennee hin fudhannu . Sagantaa fi karoora duguuginsa sanyii (Genocide) Maqaa Master Pilaanii Finfinnee fi labsii Magaalota Oromiyaa jedhuun as ba'ee mormuu fi gaaffii kabajamuu mirga abbaa biyyummaa, mirga dimookiraasii fi mirgi namummaa nuuf haa kabajamu jennee karaa nagaa dhiyeeffannee mormii waan jabeesinee fi dhimmichi dhugaa qabatamaa dhimma uummata Oromoo ta'uu uummatni Oromoo akka guutummaa Oromiyaatti gamtaan dhaabbatne falmachaa kan jirruuf Mootummaan Wayyaanee EPRDF/TPLF/deebii armaan gadii kana nuuf deebisaa jiraachuun seeraa fi heera ofiin tume illee cabsuun yakka dugugginsa sanyii uummata Oromoo irratti rawwate jira.

1. Uummata karaa nagaa fi Dimookiraasii gaaffii mirgaa dhiyeeffachuun sagalee mormii dhageesisa jiru irratti poolisii federaalaa, waraana agaazii, fi humna raayyaa ittisa biyyaa jedhamu bobbaasuun oromiyaa godinaalee cufa keessatti yakka ajjeechaa genocide'n wal madaalu fudhachuun hanga ammaa ilmaan Oromoo kan maqaan adda bahee beekamu 125 ol ta'an warreeguun, kumootaan kanneen lakka'aman madeessuun, kumoota dhibbootan kanneen lakka'aman immoo ukkamsee hidhuun mootummaa fashistii ta'uu isaan addunyaa biyyaa lafaa fi biyyoota dhiha warra mirga namaa fi dimookiraasii leellisan fulduratti ilaalcha keessa galee jira.
2. Uummaata Oromoo karaa nagaa mirga isaa fi karoora fi sagantaa master pilaanii Finfinnee fi Labsii Magaalota Oromiyaa hin fudhannu jedhee falmachaa jiru uummata Sivilii irratti waraana labsee uummata Oromoo irratti tarkaanfiin waraanaa fudhatamee namootni hedduun du'anii, hedduun madaa'uun hedduun immoo ukkanfamanii lafa buuteen isaanii kan dhabame ta'uun ifadha.
3. Warraaqsa Uummataa gama hundaan jabaatee mootummaa angoo irraa buusuuf jiru sodaachuun Master pilaaniin Finfinnee haqame haa jedhamu malee Master Pilaanichi haqamuu Labsiin seeraa qabeessii dabarfame hin jiru. Aangawootni biyyatti uummata sodaachuun waan dubbatan kan fakkaatu malee labsichi ifatti labiidhaan hin haqamne. Wa'een Labsii Magaalota Oromiyaa immoo takkaadhuma iyyuu irratti hin dubbatamiin jira.
4. Gaaffii Uummatni Keenya akka sirna federaalizimiitti nuti uummatni Oromoo akka baay'ina keenyaa ,Qabeenyaa fi baldhina lafa keenyaatti aangoon roga Siyaasaan biyyatti keessatti qabnu salfachiisadha jechuun ,ga'een qooddanna aangoon sirna dimookiraasii keessatti nuuf ilaalamee hireen uummata keenya kabajamuu qaba jennee gaafanneef deebiin tokko illee dhibamuun ,

deebii waraana nurratti labsuu qofa filachuun mootummaan EPRDF yakka seeraa fi seenaan nama gaafachiisu keessa kan galee jiru ta'uu ni hubachiifna!!

5. Gaaffii kabajamuu Mirga Namummaa fi mirga Dimookiraasii dhiyeeffane gara dabarsuun Olola maqaa xureessuu maqaa shororkeesistoota jedhuun Mootummaan biyyan bulcha jedhu galmeem himata Sobaa banuun ilmaan Oromoo wardiyaa mirgoota Namummaa fi Dimookiraasiif falman himachuun ukkaamsee hidhaatti guuraa jiraachuun addunyaa biyya lafa kana irratti mootummichi yakkamaa ta'ee akka himatamuuf yakka ulfaataa uummatarratti raawwachaa jira!!

Yeroo amma kana Uummatni keenya murtii isaa fi Irbuu isaa golee Oromiyaa cufa keessatti hojiitti hiikuun wareegama qaalii kanfaluun Warraaqsii Biyyoolessaa FDG haala qalbii hawwaasa Addunyaa hawwachuu danda'uun gaggeeffama kan jiru ta'uun beekamadha. Uummatni Keenya Murtii **“Mirga Ofii Wareegama Fedhe Baasuun Ofumaan Falmachuu”** jedhu irraan ga'uun murtii kana Ayyaana Irreecha bara 2015 irratti bakka bu'oota hawwaasaa, manguddoota Oromoo ,Bakka Bu'onna barattoota ,bakka bu'ootni Qeerroo, bakka bu'onna kutaalee hawaasa Oromoo hunduu godinaalee Oromiyaa hunda irraa argamuun murtii kana Irbuudhaan ifaa fi ifatti labsanne. Warraaqsii keenyaa hanga kabajamuu mirga namummaa, mirga dimookiraasii fi mirga abbaa biyyummaa keenyaa mirkaneeffannuutti waan ta'eef Labsii waraanaa nurratti labsameen kan duubatti deebinu akka hin taane ammas murtii dhumaa fudhannee jirra. Kanuma bu'uura godhachuun uummatni keenya yeroo ammaa kanatti Warraaqsa Biyyoolessaa Oromiyaa FDG jabeessuun warraaqsa kanas gara Fincila Xumura Gabrummaatti (FXG) itti jijjirree kan itti fufnu ta'ee uummatni Oromoo hundi qabxiilee armaan gadii irratti xiyyeeffannoo addaa gochuun akka hojirraa olchitana Waamicha keenya dabarsina.

1. Yeroon kun Uummata Oromoof yoom iyyuu caalaatti yeroo murteessa ta'uu hubachuun Uummata keenyaa dheebuu bilisummaa, dimookiraasii fi kabajamuu mirga namummaa qabuu fi falmachaa jiru kabachiisuuf warraaqsa itti jirruu irraa duubatti kan hin deebine ta'uu hubachiisuun hanga Abbaan irree nurraa buqqa'utti warraaqsii biyyoolossaa Oromiyaa FXG'n biyya keessa fi biyya alaa lafa Oromoon jiru maratti jabaatee akka itti fufu waamicha dabarsina!!
2. Uummatni Oromoo mootummaa jumlaan nu ajjeesaa jiruu fi waraana nurratti labsee jiru irra qoqqobbii dinagdee kaa'uun amumaa itti fufinsaan hojii irra kan olchinu Walga'ii mootummaa kamuu hirmachuu diduu(dhaabuu), kanfaltii gibiraa fi buusiiwwaan adda adda qaraxa dabalatee akka hin kaffalle murtii fudhachuu, kanneen kanfalan of keessa baasuu!!
3. Daandii konkolaataa kutaalee Oromiyaa cufa keessatti itti fufinsaan cufamuu qaba. Kanaan booda oromiyaa keessa oliif gadii fiigani Oromoo saamaa, oromoo ajjeesaa fi hidhaa itti fufuu akka hin qabneef uummatni keenyaa gamtaa isaa jabeessuun daandii cufee diina karaa darbaa dhorkachuu qaba.
4. Uummata Oromoo mootummaa Federaalaa EPRDF waliin ta'uun kan ajjeesisaa fi hisiisaa jiru OPDO waan ta'eef ololaa maqaa “Jaarsummaa” fi Sobanii gaaffiin uummatni gaafachaa jiruu sirriidha jechuun akka waan badii ofitti fudhatanii fakkeessuun uummata tasgabbeessuu qofaaf fayyadamaa jiru, Oromoo immoo jumlaan hidhaatti guuraa fi ajjeesaa jedhuun duula diinni OPDO ' addatti qabachuun gootu warraaqsaan dura dhaabbanna. Uummata Oromoo gara lafina tokko malee kan ajjeesee isaanuma hardha maaltu dhufnaan uummata keenya ajjeesaanii ofumaan immoo jaarsummaan uummata gowwomsuun bilisummaa fi injifannoo wareegama qaalii lubbuu ilmaan Oromoo qaroon dhufetti bishaan naquu waan ta'eef olola jaarsummaa jettu irratti of eeggannoo guddaa uummatni keenya akka godhuu fi warraaqsaan akka dura dhaabbatu dhaammanna!!
5. Mootummaan Wayyaanee yakka ajjeechaa fi qaamaa hirdhisuu akkasumas hiyyoomsuu fi biyyaa arihuu kkf ilmaan uummata Oromoo addatti immoo dargaggoota qaroo hawaasaa irratti raawwachaa jiruuf seeratti dhiyaatee akka itti gaafatamuuf beektootni Oromoo bakka jirruu

walitti dhufuun mootummaa kun seera Idel addunyaa fuldaratti himatamee mana murtii yakkaa addunyaa ICCTti akka dhiyaatu irratti haa hojjenu!!

6. Mootumman Wayyaanee EPRDF/TPLF/OPDO'n kanaan booda dhiiga Oromoo dhangalaasaa Oromootti deebi'ee waliin jiraachuu hin qabu Oromoon; hirmii dhiiga ilmaan Oromoo dhangalaasaa jiru waliin akka hin jiraannee gadi jabeessuun hubachiifna.
7. Jaarmiyaaleen siyaasaa kan Bilisummaa Oromoo Yeroon kun Oromoof Murteessaa ta'uu hubachuun tumsa guddaa kan isiin irraa barbaadu ta'uu hubachuun wal cina dhaabbachuun akeeka diinaa kallattii hundaa cabsuun galii sochii warraaqsa biyyaalessaa milkeessuu irratti akka waltumsuu fi wal hubachuun hojjetan gadi jabeessuun dhaammanna!!
8. Poolisootni Oromiyaa dhalootan Oromoo taatan, humni milishaa, ittisni biyyaa fi Poolisiin Federaalaa fi Kora bittinneessa keessatti kanneen argamtan, haala fedheen iyyuu meshaa hidhannoo keessan akka hin hiikkanee fi uummata keessan karaa nagaa falmatuuf eeggannoo guddaa akka gootan waamichaa irra deebiin isiniif dhiyeessina. Jechuun Ilmaan Oromoo hundi lbsa kana hordufuun bakka jirtan hundatti hojiitti akka hiikuun dirqama lammii keessanii akka baatan gadi jabeessuun hubachiifna.

Injifannoon uummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaat!!

Qeerroo Bilisummaa Oromoo fi GBO

Mudde 28/2015